# ERGAA PHEEXIROOSI –2ffaa

1 Simoon Pheexiroos tajaa-
jilaa[a] fi ergamaa Yesuus
Kiristoos irraa;
Gara warra karaa qajeelummaa
Waaqa keennaa fi fayyisaa kee-
nya Yesuus Kiristoosiitiin aman-
tii[b] akkuma amantii keennaa gatii
guddaa qabu sana argattaniitti;
2 Beekumsaa Waaqayyootii fi
beekumsa Gooftaa keenya Ye-
suusiitiin ayyaannii fi nageenni
isinii haa baay'atu.

### Waamamuu fi Filatamuu Ufii Mirkaneeffachuu

3 Humni Waaqummaa isaa karaa
isa ulfinna isaatii fi gaarummaa
isaatiin nu waame sana beekuu
keennaatiin waan jireenyaa fi
nama Waaqayyoo ta'uu nu bar-
baachisu hundumaa nuu kenneera.
4 Kennaa kanaanis isin badiisa
sababii hawwii hamaatiin biyya
lafaa keessa jiru jalaa baatanii
akka amala Waaqummaa isaa
sana keessatti hirmaattaniif
jedhee karaa kennaa kanaatiin
waadaa[c] isaa guddaa fi kan gatii
guddaa qabu nuu galeera.
5 Sababuma kanaaf amantii
keessan irratti gaarummaa,
gaarummaa irrattis beekumsa
ida'achuuf waan isinii danda'ame
hunda godhaa. 6 Akkasuma bee-
kumsa irratti uf qabuu, uf -qabuu
irratti obsaan dhaabachuu,
obsaan dhaabachuu irratti nama
Waaqaa ta'uu, 7 Nama Waaqaa
ta'uu irratti walii na'uu obbo-
lummaa, walii na'uu obbolum-
maa irratti immoo jaalala ida'ad-
haa. 8 Yoo isin waan kana cufa
qabaattanii ittuma isinii baay-
yachaa deeme, Wanni kun akka
isin Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoos beekuu keessatti jajjaboofi
bu'aa-qabeeyyii taatan isin gar-
gaara. 9 Garuu namni waan kana
hin qabne kamiyyuu jaamaa dha;
fagoottis waa arguu hindanda'u;
akka cubbuu isaa kan durii sana
irraa qulqulleeffames irraan-
fateera[d].
10 Kanaaf yaa obboleeyyan kiyya,
waamamuu fi filatamuu keessan
mirkaneeffachuuf caalaatti
hinaaffaa qabaadhaa; yoo
waan kana gootan isin matumaa[e]
hin gufattan. 11 Kanaaf gara moo-
tummaa Gooftaa keennaa fi fay-
yisaa keenna Yesuus Kiristoosiitti,
jechuunis gara mootummaa bara-
baraa sanaatti galuuf haala
gaariin simatamtu.

### Raajii Kitaabota Qulqulluu

12 Kanaaf yoo isin waan kana
beettanii, dhugaa amma qabdan

[a]1 ykn *hojjataa;* [b]1 ykn *dhugeeffachaa;* [c]4 ykn *kakuu;* [d]9 ykn *yaa dedhe;* [e]10 ykn *akkanallee jettanii*

kanatti jabaatanii dhaabattaniiy-
yuu ani yeroo mara waayee
waan kanaa isin yaadachiisuu[f]
nan barbaada 13Ani hanga
dunkaana[g] kana keessa jirutti
waan kana isin qaabachiisuud-
haan isin dammassuu kiyya
qajeelaa nan se'a. 14Ani akka
Gooftaan keenna Yesuus Kiris-
toos naa ibsetti, dunkaana kana
dhiyoottu uf-irraa buusuu kiyya
beekaatii. 15Ani akka isin eeguma
ani isin biraa godaanee bood-
deellee yeroo hunda waan kana
yaadachuu dandeettan gochuuf
nancarraaqa.

16Nu yommuu waayee humnaa
fi dhufaatii Gooftaa keenya Ye-
suus Kiristoos isinitti himnetti,
surraa[h] isaa ijuma[i] keennaan
argineeti malee oduu ogummaa
namaatiin uumame hordofneetii
miti. 17Innis yommuu sagaleen[j],
"kun Ilma kiyya isa ani jaalad-
huu dha; isattis baay'ee nan
gammada" jedhu sun ulfinna
surra-qabeessa sana biraa
dhufeefitti, Waaqayyo abbaa biraa
ulfinnaa fi galata argateeraatii.
18Nu mataani keenyayyuu yeroo
isa waliin tulluu qulqulluu sana
irra turretti, otoo sagaleeni kun
samii irraa dhufuu dhageenne.

19Kanaaf dubbiin raajonni[k]
dubbatan sun ittuma caalee nuu
mirkaneeffame; Isinis hanga lafti
bari'ee bakkalchi barii garaa
keessan keessatti ba'utti yoo ak-
kuma ibsaa dukkana keessatti
ibsuutti dubbii kanaaf xiyyeef-
fannoo kennitan waan dansaa
hojjattan. 20Akka raajiini[l] kitaaba
keessa jiru kamiyyuu takkumaa
hiikaa namaatiin hin dhufin
duraan dursitanii beekuu qabdu;
21Raajiin takkumaa fedhii namaa
irraa hindhufne; garuu namoota
Waaqaattu Hafuura Qulqulluun
qajeelfamee dubbate.

### Barsiistota Dharaa

2 Akkuma raagonni[m] dharaa
saba jidduu turan sana, bar-
siistonni dharaas jidduu keessan
ni jiraatu; barsiistonni kunneen
goofticha isaani fure sanallee
gananii[n], barsiisa dhugaa hin
ta'in kan gara badiisaatti nama
geessu dhossanii galchu; kanaanis
mataa isaanii irratti ariitiidhaan
badiisa fidu. 2Namoonni baay'eenis
amala isaanii isa qaanessaa sana
hordofu; sababii isaaniitiinis karaan
dhugaa ni arrabsama. 3Barsiis-
tonni kunneen sabdummaa[o]
isaaniitiin oduu ofumaan uu-
manii odeessaniin isin saamu;
murtiini bara dheeraan dura
isaanitti murame sun ammallee
hojjachaa jira; badiisni isaaniis
hin mugu.

[f]12 ykn *qaabachiisuu;* [g]13 ykn *waaroo;* [h]16 ykn *guddinna;* [i]16 ykn *iluma teennaan;* [j]17 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [k]19 ykn *raagonni;* [l]20 ykn *himanii;* [m]1 ykn *raajonni;* [n]1 ykn *mormatanii;* [o]3 ykn *sassattummaa/dondhummaa*

4Waaqayyo yeroo maleekkon-
niyyuu cubbuu hojjatanitti akka
isaan murtiif turfamaniif jedhee
boolla dukkanaatti isaan galchee
gahaannamitti isaani darbate
malee garaa hinlaafneef. 5Waaqni
yeroo warra isaaf hin ajajamin
irratti bisaan badiisaa fidetti,
Nohi namicha qajeelummaa
lallabaa ture sanaafi namoota
dhibii[p] torba qofa badiisa oolche
malee addunyaa durii sanaaf
garaa hinlaafne. 6Magaalota[q]
sodomiifi Gamooraas hanga
isaan daaraa ta'anitti gubee akka
isaan waan warra Waaqaaf hin
ajajamnetti dhufuuf deemuuf
fakkeenya ta'an gochuun isaanitti
mure. 7Inni namicha qajeelaa
jechuunis Looxi isa jireenna
gadi-dhiisii[r] hamootaatiin dhi-
phachaa ture sana badiisa ool-
che. 8Namichi qajeelaani sun
yeroo jidduu isaanii jiraachaa
turetti guyyuma guyyaan hujii
isaanii hamaa sana argee
dhageennaan lubbuuni isaa qa-
jeeltuun sun isa keessatti dhi-
phachaa turte. 9Eega wanni kun
akkasi ta'ee Gooftaani akkamitti
akka warra Waaqayyoof ajaja-
man qorumsa keessaa baasuufi
akka itti warra hamoo hanga
guyyaa murtiitti adaba jala tursu
beeka. 10Wanni kun keessumat-
tuu warra hawwii xuraawaad-
haan fedhii foonii hordofanii fi
warra abbootii aangoo[s] tuffa-
tanitti nicima.

Namoonni kunneen ija[t]-jabeeyyiifi
of-tuultota; isaan uumamawwan
samii irraa arrabsuu hin sodaatan.
11Maleekkonniyyuu yoo barsiis-
tota dharaa kanneen irra jaboo fi
humna-qabeeyyii ta'anillee fuula
Gooftaa duratti uumamawwan
akkasii arrabsanii hin himatan.
12Namoonni kunneen garuu
waanuma hin beenne arrabsu;
isaan akkuma bineensota bos-
onaa kanneen qalbii hinqabneeti;
akkuma uumamawwan miira
isaaniitiin qajeelfaman kanneen
qabamuu fi ajjeeffamuu qofaaf
dhalataniiti; akkuma bineensonni
sun badanitti isaanis ni badu.

13Miidhaa isaan hojjataniif
miidhaattu deebi'aaf; guyyaa adiin
machaa'anii bashannanuu akka
gammachuu guddaatti fudhatu;
Isaan yeroo isin waliin nyaataa
dhugaatiitti dhiyaatanitti jaldhinna
isaaniitiin bashannananii jidduu
keessanitti xuriifi waan fafaa
ta'u. 14Waan iji[u] isaanii ejjaan[v]
guutameef isaan cubbuu irraa
hin deebi'an; Warra hinjabaatin
sossobanii gara ufiitti deebifatu;
garaan isaanii sassata barateera;
isaan ilmaan abaarsaati. 15Isaan
karaa qajeelaa dhiisanii karaa
Bala'aami ilma biihoori isa gatii

[p]5 ykn *biraa;* [q]6 ykn *dira;* [r]7 ykn *sesseegummaa;* [s]10 ykn *jabeennaa;* [t]10 ykn *adda;* [u]14 ykn *iltii;* [v]14 ykn *hawadiin*

jallinnaa jaalate sanaa hordofuuf jedhanii karaa irraa badan. [16]Bala'aam garuu sababii dogongora isaatiif harreen isatti dheekkamte; horiin duudaan afaan namaa dubbattee maraatummaa raaga sanaa ittifte.

[17]Namoonni kunneen burqaa bishaan hin qabnee fi hurrii bubbeen oofamuu dha; dukkanni akka malee hamaan isaaniif kaa'ameera. [18]Isaan dubbii faayidaa hinqmnee fi dubbii oftuulummaa odeessu; warra reefu namoota jireenya dogongoraa keessa jiraatan keessaa baqatanii ba'an dharraa foonii hamaan sossobanii ufitti deebifatu. [19]Barsiistonni dharaa kunneen otuma ufii isaaniitiiyyuu garboota badiisaa ta'anii jiranuu birmadummaa[w] isaan abdachiisu; namni tokko waan isa moo'ate kamiifuu nigarboomaatii. [20]Isaan eeguma Gooftaa keennaa fi fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos beekuudhaan xuraawummaa addunyaa keessaa ba'anii booddee yoo ammas deebi'anii xuraawummaa sanaan qabamanii fudhataman haalli isaanii kan dhumaa isa jalqabaa sana caalaa hammaata. [21]Isaan karaa qajeelinnaa beekanii seera qulqulluu isaanii kenname sanatti dudda galuu irra otoo duraanuu karaa qajeelinnaa sana beekuu baatanii isaanii wayya ture. [22]Kunis akkuma mammaassi dhugaa tokko, "sareen diddiga isiitti deebiti" akkasumas, "booyyeen dhiqamte dhoqqee keessa gangalachuu ishiitti deebiti" jedhu sun isaan irratti raawwatame[x].

## Guyyaa Gooftaa

3 Yaa michoota[y] jaalatamoo, xalayaan lammaffaan ani ammallee isinii barreessu isa kana; ani xalayoota lachuu keessatti haala yaadachiisaatiin[z] qalbii keessan qulqulluu sana nan kakaasa. [2]Ani akka isin dubbii dur raajota[a] qulqulluudhaan dubbatamee fi ajaja Gooftaa keennaa fi Fayyisaa keennaa kan karaa ergamtoota keessaniitiin dubbatame sana qaabattan nan barbaada.

[3]Akka ga'istoonni[b] tokko tokko bara dhumaa keessa ga'isaa hawwii ufii isaaniis hordofaa dhufan duraan dursaatii beekaa. [4]Isaanis, "waadaan[c] dhufaatii isaa meeti ree? Wanni hundinuu erga abbootiin keenya du'anii jalqabee akkuma yeroo jalqaba uumamaatti itti fufee jiraatii" jedhu. [5]Isaan garuu akka samiiwwan bara baayeen dura dubbii Waaqayyootiin uumaman, akka laftis bisaan irraa hojjatamtee fi akka

[w]19 ykn *balchummaa;* [x]22 ykn *guutame*; [y]1 ykn *jaallan;* [z]1 ykn *qaabachiisaatiin***;** [a]2 ykn *raagota;* [b]3 ykn *gooyyessitootii;* [c]4 ykn *kakuuni*

ishiin bisaanumaan hojjatamte
otuma beekanuu ganu[d]. 6Addun-
yaan yeroo sanaas bisaanuma
kanaan liqimfamtee badde.
7Dubbiidhuma kanaan is sami-
iwwanii fi lafti yeroo ammaa
jiran kunneen guyyaa murtiitiifi
guyyaa namoota Waaqayyoof hin
ajajamneetiif turfamanii ibiddaaf
ka'amaniiru.

8Yaa jaallan jaalatamoo, isin
garuu waan tokkicha kana hin
irraanfatinaa[e]. Gooftaa biratti
guyyaani tokko akkuma waggaa
kuma tokkooti; waggaani kuma
tokko immoo akkuma guyyaa
tokkooti. 9Gooftaan akka namoonni
tokko tokko waayee turtii yaadan
sana waadaa isaa raawwachuu[f]
irraa hinturu; Inni akka namni
cuftinuu cubbuu irraa deebi'uuf
jedhee obsa malee akka namni
tokkoyyuu badu barbaadeetii miti.

10Guyyaani Gooftaa garuu
akkuma hattuutti dhufa; sami-
iwwan sagalee[g] guddaan badu;
wonni samiiwwan keessa jiru
martinuus oow'a guddaadhaan
baqa; laftii fi wanni isii irra jiru
hundinus ni gubata.

11Eega wanni cuftinuu kan
akkasitti badu ta'e, isin nama
akkamii ta'uu qabdu ree? Jiree-
nya qulqulluu fi jireenya
Waaqaaf buluu jiraachuu qabdu.
12Kanas guyyaa Waaqaa eegachaa,
dhufaatii isaas ariifachiisaa gochuu
qabdu. Guyyaa sana samiiwwan
ibiddaan badu; wanni samiiwwan
keessa jirus oow'aan baqa. 13Nu
garuu akkuma waadaa isaatti
samiiwwan haarayaa fi lafa
haaraya kan qajeellinni keessa
jiraatu tokko eeganna.

14Kanaaf yaa jaallan jaalata-
moo, isinis sababii waanuma
kana eegataniif akka warra xurii
fi hirdhinna hin qabnee, warra
nagayaan isa waliin jiraatan
taataniif yaalii isinii danda'ame
mara godhaa. 15Akkuma Phaawu-
loos obboleessi keenya jaalatamaan
sun qarooma waaqni kenneefiin
isinii barreesse sana akka obsii
Gooftaa keennaa fayyinna ta'e
yaadatti qabadhaa. 16Innis waayee
waan kanaa dubbatee xalayoota
isaa cufa keessatti haaluma kanaan
barreesa; xalayoota isaa keessas
waan hubachuuni nama rakkisu
tokko tokkottu jira; kanas warri
waa tokko hin beenneefi fi warri
jabaatanii hin dhaabanne ak-
kuma kitaabota qulqulluu dhibii
micciiran sana kanas badiidhuma
ufii isaaniitiif ni micciiru.

17Kanaaf yaa michoota jaalata-
moo, isin sababii duraan dursi-
tanii waan kana beettaniif akka
dogongora namoota seeraaf hin
bulleetiin hin fudhatamnee fi
akka jabaattanii dhaabachuu
hindadhabneef uf-eegadhaa.

[d]5 ykn *morman;* [e]8 ykn *hindedhinaa;* [f]9 ykn *guutachuu;* [g]10 ykn *qoonqoo/ qoonqa*

18 Garuu ayyaanaa fi beekumsa Gooftaa keennaa fi Fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin guddadhaa; ammaa fi hanga barabaraatti ulfinni isaaf haa ta'u; aamiin.